[redacted]hip
and Advocacy Association

**PRESS RELEASE**

CONTACT US: info@ollaa.org

FOR IMMEDIATE RELEASE 10/21/2022

# OLLAA, OSF, FI IHRDA SARBAMIINSA MIRGOOTA NAMOOMAA OROMIYAA KEESSATTI RAAWWATAMAA JIRAN IRRATTI MARII WALOO GEGGEESUUF JEDHU

***Falls Church, Virginia*** **(10/21/2022**) – OLLAA'n dhaabbilee mirgoota namoomaa idl-addunyaa ka ta'an 'Open Society Justice Initiative' fi 'Institute for Human Rights and Development in African' waliin ta'uun walgahii idilee 73 ffaa 'Komishinii Mirgoota Namomaa fi Uummattootaa Afirikaa taa'aa jiru irratti sagantaa cinaa qopheessuun gaafaa Onkoloolessa 23 2022 marii panelii ni geggeessu. Marii panelii kanarratti hayyuulee fi ogeessoota haala qabiinsa mirgoota namoomaa gama kibba Itoophiyaa sirriitti beekaniin kan raawwatamu yoo ta'u, marichi dhiittaa mirgoota namoomaa bifa qinda'aa ta'een saba Oromoo irratti raawwatamaa turee fi jiruuf xiyyeeffannoo jalqabaa kenna.

Dhaabbileen kunniin dhiittaa mirgoota namoomaa kaaba biyyattiitti raawwatamaa jiru kan hubatan yoo ta'u, mariin panelii kun dhiittaa walfakkaatan kutaa biyyattii biroo keessattis akka raawwatamaa jiru kan argisiisu ta'a. Seenaa biyya Itoophiyaa keessatti, dhiittaan mirgootaa hedduun Oromoo irratti raawwatamaa ture; raawwatamaas jira. Kanneen keessaa gurguddaan, haleellaa qamoota mootummaa fi qamolee hidhatan biroon namoota nagaa irratti raawwatameen mirga lubbuun jirachuu dhabaniiru. Yakka tokko malee seeraan ala hidhamuun, hiraarsaaf saaxilamaniiru. Murtii mana murtii malee ajjeefamaniiru akkasumas mirga haqa ofii mana murtiitti argachuu mulqamaniiru. Yeroo marii kanaatti, hayyuuleen kuniinin seenaa fi sadarkaa dhiittaa Oromoo irratti raawwatamaa jiruu irraa ni dubbattu. Akkasumas, barbaachisummaa fi karaalee ittiin hawwaasi idil-addunyaa itti gafatamummaa mirkanessuu danda'u irrattis ni dubbatama.

Qaami fedhii qabu kamuu akka marii kana hordofuufi itti hirmaatu waamicha dhiyeessina. Hidha kana irratti gaafa Onkoloolessa 23 2022 sa'aa 5:30pm (GMT)/1:30pm (EDT) hirmaachuu dandeessu.

*OLLAA is an umbrella organization that works in collaboration with dozens of Oromo communities around the world.*